SEENAA K/ALAMUU QIXXEESSAA



Koloneel Alamuu Qixxeessaa, abbaa isaanil obbo QIXxeessaa Yaadate fi haadha isaanii addee Haayyuu Roobii irraa Bitooteessa 5, bara 1907 biyya Oromiyaa aanaa Jalduu ganda Goojjoo keessatti dhalatan. Koloneel Alamuu Qixxeessaa bakki isaan itti dhalatanii guddatan, magalaa Jalduu fi nannoo biroo manni baruumsa hammayyaa, waan hin jirreef mana barnoota Qeesii seenanii baratanilru.

Abban isaanii obbo Qixxeessaa yaadatee, ilmi isanii akka isanii baratu, waan barbadaniif, gara Finfinnetti erganii akka raayyaa warana biyyitti keessatti qaxaramu godhan. Koloneel Alamuun yeroo sanatti raayyaa waranaa Kubuur Zabanyaa" jedhamee beekamu keessatti qaxaramanii hojjataa os0o jiranii gama tokoon ammoo barn0ota ammayyaa fi afaan Faaransaayii barachuu eegalan.Mootummaa sirna goonfoo keessatti qaxaramanii osoo hn bubbuliin maqaa ajajaa 50 gonfotani osoo jirani, gara warana "Maa’icaaw akka duulan godhaman.warana Maaicaaw kan Xaalyaanii waliin godhame kana irratti, Koloneel Alamuun luka isaanii, rukutamanii gara biyya dhaloota isannii gara Jalduutti galan. Jalduutti galanii maatii isaanii waliin osoo jirataa jirani, biyyittiin Warana Xaalyanitin weeraramte.Koloneel Alamuun jaginummaa fi gotummaa umaman qabaniin warana Xaalyani, isa hanga funyaaniitti hiidhatee jiruun, diinni adii fi gurracha hinqabu jechudhaan waraana Xaalyaanii qabsoo hiidhannotiin falmuutti qajeelan. Lolaa osoo jiranii bara sana dhibee qorichi hin argamneef kan ummata hedduu fixaa ture dhiibee "**Taasiboo**” jedhamee beekamun qabaman.Koloneel Alamuun dhiibee kan irraa akka carraa ta'ee irraa fayyan illee, abban isaanii obbo Qiixxeessaa yadatee fi haatii isanii addee Haayyuu Roobii dhiibee kana irraa fayyuu hin dandeenye. Lameen isaani iyyuu guyyaa tokkotti ijoollee isaani kophaatti dhiisanii adunyaa kana irraa darban. Guyyaa tokkotti haadhaa fi abbaa isaanii kan dhaban Koloneel Alamuu irratti gaddi dachaa dhachaadhaan irratti fe'ame. Obbolewwanif maatii isaanii

hunda jirachisuun dirqii itti ta’e. Haala kanaan maatii jiraachisaa osoo jiranii gootota Jalduu kan Xaalyaanin lolaa jiran waliin walitti dabalamanii lolaa osoo jiranii harka warana Xaalyaaniitti kufan.Waranni Xaalyaanii, Koloneel Alamuu Qixxeessaa irratti murtii du'aa murteesse.Koloneel Alamuun guyyaa ajjeefamuu isaanii osoo eeggachaa jiranii Xaalyaanii gama tokkoon Jalduu keessaa Warana Xaalyaanii barbadeessaa kan turan gotoota Oromoo kan Dirribsaa Faayyisaa Nagarootiin hoogganamuun akka harka isaanii keennatan kadhachaa waan turaniif goonni Oromoo Dirribsaa Faayyisaa Xaalyanidhaan **"nama kiyya isin harka jiru Alamuu Qixxeessaa gad-lakkiftan malee harka kiyya hin keennu!”** jedhe.Xaalyaniin Gootota Oromoo Dirribsaa Faayyisaatiin hogganaman of harkatti galfachuuf jecha Alamuu Qixxeessaa kan duuti itti murtaawe mana hiidhaa isaani keessaa baasanii gadi dhiisan.Koloneel Alamuun akkuma mana hiidhaatii hiikamanin, gara birootti osoo hin goriin Waraana Diribissaa Fayyisaatiin hogganamuti dabalaman. Goonni Oromoo Dirribsaa Faayyisaa Alamuu Qixxeessaa erga mana hidhaatii hiiksifateen booda, gootota bara sana naannoo Jalduutti argaman, kan akka Xanqeessaa Keelloo, Mi’eessaa Jombaa,Niigissaa Faaji, Diinqaa Urgoo fi kanneen biroo walin waraana Mosoloonii kan Jalduu keessa Qubatee jiru irratti lola banuudhaan hanga dhumaatti lolaa turaniiru.Tafari Mokonnoon (H/ Silaseen) akkuma Xaalyaaniin biyya waggaa 5f qabattee turte gadi dhifteen biyya itti baqate irraa gara angoo isaatti deebi’e. Gootonni Oromoo waggaa 5n guutuu kan Xaalyaniin falmaa turan kan akka Kabbaddaa Buzunaash fa’aa Aangootti deebi’uu H/ Silaasee mormaa akka turan ni dubbatama.

Koloneel Alamuun akkuma Mootummaan Sirni gonfoo dhaabbateen mana barnoota akkaadaamii warana Hoolotaa seenaanii barataniiru. Bara 1944 gara kaaba Ithiopiyaa Ambalagee bakka jedhamutti akka duulan ajajamanii rasaasaan rukutamaniiru. Koloneel Alamuun mana Barnoota akkadaamii warana Hoolotaattii barsiisaa ta'anii waggoota lamaa oliif hojjataniiru. Koloneel Alamuun Bulchiinsa Mootummaa H/ Sillaasee keessatti sadarkaa gadil irraa egalee hanga Sadarkaa oliitti hojjataniiru. Hojii isaanii kana keessatti,Mootumman sirna gita-bittootaa Habashootaa ilaalichi Oromoo fi lammii Oromotti qaban akka gariitti hubataniiru. Koloneel Alamuun Oromoo ta’uu isaanii irraa kan ka'een, bulchiinsa mana waraanaa biyyittii keessatti isaanifi Oromoota raayyaa ittisa biyyitti keessa jiran irratti, kan rawwatamaa ture haala qabatamaadhaan argaa turaniiru.

Maaccaa fi Tuulamaa Qabsoon Ummani Oromoo bilisummaa isaaf godhu kanaaf daandii kan saaqae,hundeeffama Maaccaa fi Tuulamaa akka ta'e hubatamaadha. Maaccaa fi TuulamniMootummaa sirna naafixanyootatiin gaggeefamu keessatti, ummata Oromoo magaalaa fi baaddiyyaa Oromiyaa keessatti Waaroon salphinaa irratti diriirfamee jiru jalaa baasuuf Wareegama barbaachisu mara kaffalanii dhaloota har’aa kana biraan gahaniiru.Rakkoo Ummani Oromoo qabu, amma tokko irraa saliphisuuf, misooma maqaa godhatee kan dhaabbate kana keessatti Koloneel Alamuun calqaba irraa eegalanii hanga gaafa adduyaa kana irraa darbanitti, gaafa tokkollee dadhabe osoo hin jedhiin Presedaantii Waldaa kanaa ta’anii halkanii fi guyyaa hojjataa akka turan seenaan ragaadha.Koloneel Alamuun, Barreessaa Waldaa kanaa kan turan H/ Mariaam Gammadaa walin ta’uudhaan Oromonni bebbeekamoo ta'an akka waldaa kana keessatti miseensaa ta’an haalaan irratti

hojataniiru. Isaan keessaa Jeneeraal Abbabaa Gammadaa Jeneraal Tolaa Badhadhee Jeeneeraal Jagamaa keelloo Dajazimaach Daanř'el Abbabaa (ilma Raas Abbabaa Haaragayi) Kabbadaa Buzunaash fi kan biroo miseensa gochuun yeroo itti hin fudhanne.Akeekni Waldaa Maaccaa fi Tuulamaa Beekumsaa fi qabeenya qaban wareeganii Ummata Oromoo dukkana keessa jiru kana keessaa, gara ifaatti baasuu waan ta'eef kan lafa qabu lafa isaa kennee akka manni baruumsaa irratti banamu waan walii galameef calqaba duraatiif gochaan kun Koloneel Alamuu Qixxeesaatiin hojii irra ooleera.Mana Barumsaa Jalduutti Banuu Koloneel Alamuun bakka dhaloota isanii nannoo Jalduu, manni barumsaa tokkollee waan hin jirreef ijoolleen aanaa Jalduu akka barnoota ammayyaa barattee ija banattu lafa magaala Jalduu qaban irraa kaare meetira 10,000 ol eebbisaanii ummata Jalduuf kennuudhaan manni baruumsaa kutaa 1-6 tti bananiiru. Haluma kanan, Kabbadaa Buzunash Misooma ada'aa bargaa fi gooroo Makkootii koree duraan ramadamanii hojjataa turan irraa gara biraatti akka jijjiiraman godhamaniiru. Gara biroon ammoo haala Waldaa Maaccaa fi Tuulamaatin wal qabateen H/ Sillaaseen hoogganoota Waldaa kanaa Jeneeral Taaddasaa Birruu fi Jaarsolii beebbekamoo Arsii waliin H/ Silasee irraa yeroo dhiyaatan Koloneel Alamuu Qiixxeessaa sodaa tokko malee H/ Silaseedhaan **ati maa Oromummaan nu yakkitaa? ati Oromoo mitii?** yeroo jedhaniin, H/Sillaaseen **isa eenyutu nutti himi siin jedhe** jedheen jedhama.Ajajaa Dhibbaa Abarraa Alamuu (Ilma isaanii isa hangafaa) ajajaa dhibbaa ta'ee Asmaraatti ramadamee hojjataa osoo jiruu akka carraa ta'ee bara lola Jeneeraal Mangistuu Niwaay, Finfinnee yeroo dhufu lola kana afaan bu'e. Abarraan lola kana iratti gara Mootummaa H/ Silasee goree lolaa osoo jiruu waraana Garmamee faatiin ajjeefame.Koloneel Alamuun ilmi isanii lola isaa hin mallee kana irratti du'uu isaa bayyee akka gaddan keessa bektoonni ni dubatu. Dhimma Waldaan yakkamanii yeroo Kaabinoota H/ Sillaasee birraa dhiyaatan **lola irratti yeroo lama rukutamanii waan turaniif luka koo yeroo lama isinif keennera! Ilma koo Abbarraa isiniif kenneera akka lammii oromootti ijaaramnee biyya keenya keeessatti misooma guddisuun maaf yakka isin biratti ta'e?** jechuun gaaffii deebii hin arganne hoggantoota Mootummaa H/ Sillaasee tii dhiyeesaniiru. Ilmi isaani Abbarraan Mootummaa isaaniif du'uu isaa hedduu akka gaddaan ni dubbatu. Haa ta'uu garuu Hoogganummaa isaaniitiin kan dhalate waldan kun, akka dhabamee badu kaabinoota H/Sillaaseetiin hoggantoota waldaa kanaa soban yakkanii adabbiin adda addaa yeroo irratti murtawu, Koloneel Alamuu irratti murtiin adda addaa sadii (3) irratti murtaaweera.Hiidhaa cimaa waggaa 10 Maqaan isaanii Koloneelummaan akka irraa mulqamu.Yeroo mana hiidhaatii hiikaman mirgi eenyummaa akka waggoota shaniif irraa mulqamu kan jedhu itti raggaasifame. Koloneel Alamuun akka Ummani Oromoo isaan arguu ykn gaafachuu hin dandeenyeef fageessanii Gondoor magalaa Dabra-taaboritti akka hidhaman godhaman. Yeroo Mootummaan H/Sillaasee kaabinoota isaa waliin wal qabatee gara awwaala isaatti qajeelu hooggantoonni waldaa kanaa hunduu mana hiidhaatii hikamaniiru.Erga mana hiidhaatii hiikamanis Ummani Oromoo akka blisummaa isaa gonfatee abba biyyasaa ta'u, bakkoota adda addaa Oromiyaa keessa naannawanii keessattuu bara 1991/1992 barsiisaa turaniiru. Ibsa isaan, waajjira ABO Gullallee jiru dabalatee isaan keennaa turan Mootummaa wayyanee biratti isaan balaaleffachiisu illee sodaa tokko malee ummata kanaaf of keennani hojataa turaniiru.Bara 1992 keessa matan wayyanee Mallas Zeenaawwi bakka jirutti,

wamamanii osoo waliga’ii irra jiranil bakka bu’aa OPDO yeroo sanaa kan ture Kumaa Dammaqsaan **Ummata Oromoo kan diigu kan akka keessanii kana** yeroo jedhaniin Sodaa kan hin beekne Alamuu QiiXxeessaa, **"Yeroon ani mirga Oromooti falmuu calqabu ati hudduu kee hinxaraganne"**! Jedhanii waliga’ii sana irratti kumaa salphisanii akka gadi teessisan namoonni walga'i sana irratti argaman kan dubataniidha.

Seenaan koloneel alamuus akkuma gotowwan oromoo kaanii himamee kan hin xumuramne yoo ta'u gabaabumatti kana fakkaata seenaa keenya nutumti kaawwannu malees namni nuuf hojjatu waan hin jiraanneef seenaa gootowwan keenyaa ibsuurratti haa jabaannuun dhaamsa oromoo maraati.

GADAAN GADAA XUMURA GABRUMMAATI!

@Qawwis

Onk 6415 DH.O/2021 GC

OROMIYAA